

PEOPLES ALLIANCE FOR FREEDOM AND DEMOCRACY (PAFD)

OFFICE OF PRESIDUM



Date: March 25, 2016

Ref. No: res01/pafd/2016

Ibsa gaazexaa Kora 1^{ffaa} Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD)

Bakka bu’oonni Sochii Bilisummaa Ummatoota Benishaangul(BPLM), Sochii Bilisummaa Ummatoota Gaambeellaa (GPLM), Adda Bilisummaa Biyyoolessaa Ogaadeen(ONLF), Adda Bilisummaa Oromoo(OLF) fi Adda Bilisummaa Biyyoolessaa Sidaamaa(SNLF), bakka bu’oonni dubartootaa fi dargaggootaa dhaabbolee kanneenii ummatoota isaanii fi, fedhii fi hawwii ummatoota cunqurfamoo Itoophiyaa hundaa bakka bu’uudhaan Kora Waliigalaa 1^{ffaa} Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii Bitootessa 21 hanga 25 bara 2016 Eertiraa magaalaa Asmaraatti walgahan.

Bakka bu’oonni kunneen qabsoo isaanii mootummaa abbaa irree Itoophiyaarratti gaggeessan kan waliigalaa fi muxannoolee horatan kan waloo irratti mari’ataniiru. Kana malees, haala Itoophiyaa keessaa kan wayta ammaa, haala Godinaa Gaanfa Afrikaa fi idil addunyaa irratti gadi fageenyaan kan mari’atan yoo tahu, tarsiimoo fi imaam-mata qabsoo bilisummaa fi dimokraasii Itoophiyaa keessatti finiinaa jiru fuula dura furgaasuutti akeekkates baasanii jiru.

Korri kun Pireezidiyemii Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii, Koree hoji-raawwachiiftuu fi gaafatamtoota biiroolee hanga Kora Gumii bulchiinsaa itti aanuutti akeeka tumsichaa hojiirra oolchan filatee jira. Dabalataanis, bakka bu’oonni heera, sirna bulmaataa fi dokmantiilee tumsichaa adda addaa wixinaman irratti gadi fageenyaan mari’achuudhaan raggaasaniiru.

Korri kun ummatoonni Itoophiyaa keessaa hundumtuu, irree tokkoomeen qabsoo mirga isaanii gonfachuudhaaf mootummaa abbaa irree Itoophiyaa bitaa jirurratti gaggeessan akka cimsan waamicha dhiyessee jira. Kana malees, hawaasni addunyaa mootummaa Itoophiyaa yakka suukaneessaa raawwataa jiru deeggaruu akka dhaabu gaafateera.

Korri jalqabaa Tumsa Ummatootaa kan Bilisummaa fi Dimokraasii kun, ajjeechaa goleelee Itoophiyaa hunda keessatti gaggeeffamaa jiru guutummaatti balaaleffateera. Addattis hiraaraa fi tarkaanfii suukaneessaa Oromiyaa keessatti lammiilee harka duwwaa hiriira bahanirratti humnoonni TPLF/EPRDF fudhataa jiran gadi jabeessee balaaleffate.

Maayiirratti, korri kun dhiittaa mirgoota namoomaa fi humnaan dacheerraa buqqisuu tahe jedhamee lammiilee lafoota baadiyyaa naannolee Amaaraa, Benishaangul, Gaambellaa, Koonsoo, Oomoo, Oromiyaa, Ogaadeeni fi Sidaamaa keessa jiranirratti gaggeessaa jiru balaaleffateera. Keessumaa ammoo tumsichi naannolee Ogaadeen, Oomoo, Gaambeellaa, Benishaangul fi kutaalee Itoophiyaa biroottis kaampaaniilee biyyoota adda addaa mootummaa Itoophiyaa waliin harka wal keessa naqachuudhaan hawaasa tikfataa fi qotataa lafa isaarraa buqqisuun qabeenya uumamaa ummatichaa saamuuf shiraa jiranis gadi jabeessee balaaleffatee jira.

Nagaa, Dimokraasii fi Mirga Haqaa Ummatootaa kan Hiree Murteeffannaa!

Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii

Bitootessa 15, 2016

Asmaraa, Eertiraa

Waajjira Pireeziidiyemii